# Lolaan akka jiru beektanii jirtuu? Qophaa'aa!

Odeeffannoo baal'aa waayee lolaa as irraa argadhaa ***kingcounty.gov/floodservices***

# DURAAN

1 **Miidhaa balaa lolaan isin irra qaqqabe nan beekaa**. Qabeenyi keessan lafa lolaa irra jiraachuu isaa karaa kanaan ilaalaa **kingcounty.gov/FEMAmap**. Gargaarsa yoo barbaaddan, yookin odeeffannoo waayee waraqaa ragaa ol-kaumsaa barbaaddan **206-477-4812** irratti bilbilaa.

2 **Inshuraansii balaa lolaa bitadhaa**. Inshuraansii qabeenya istaandaardii kasaaraa sababa lolaatiin dhufu hin haguugu, akkasumas imaammata inshuraansii lolaa haaraa irratti yeroon eeggitii guyyoota 30 jiraachuu mala. Kana irratti ***floodsmart.gov*** caalaa baradhu yookan **877-336-2627** irratti bilbilaa.

3 **Ofii keessanii fi maatii keessan eegaa.**

- Karoora fi meeshaa yeroo balaa hatattamaa keessan fooyyessaa.
- Yoom akka baqachuu qabdan akkasumas daandii gara lafa olka'aa geessu shaakaluu baraa.
- hiriyyaa yookaan fira keessan naannoo keessan ala jiru bilbiluun odeeffannoo yoo sararri naannoo qabamaa ta'e adda baafadhaa.

4 **Miidhaa balaa lolaan dhufu irraa qabeenyaa fi beelada keessan eegaa.**

- Konkolaataa, meesholee, fi lubbu qabeeyyi/beeyladoota gara bakka ol ka'aa ta'eetti geessaa.
- Taankariiwwan piroopeenii fi bobo'aa sirritti hidhaa. Keemikaalawwanii fi waantota barbaachisoo sadarkaa lolaa irraa ol kaasuun kaa'aa.
- Bishaan lolaa yaa'a balfaa keessatti akka duubatti hin deebineef kiyyoo yaa'a balfaa ijaarsaa keessatti vaalvii sakatta'insaa dhaabuu.

## GAHEE KEESSAN BAHAA!
### lafa lolaa uumamaarraa eegaa.

Uumama, lafa lolaa fayyaaleessa lolaan suutaan akka yaa'uu fi akka kuufamu gochuuf ni gargaaru, kunis faayidaa biroo hedduu keessaa balaa lolaa kan hir'isudha.

Yaa'aa roobaa keessatti gonkuma balfaa hingatiinaa; gataafi hafaa horii bakka balfaan itti kuufamu keessa kaa'aa; karaa irra darbamu, ashandaa bishaanii, daandii irra konkolaachisamu fi bakkeewwan cirracha uwwifame kan biraas qulleessaa. Dhangala'aan obomboleettii qulqulluun lageen fi sululawwan keenya dhugaatii, bineensota bosonaa fi bashannanaaf qulqulluu akka ta'an gargaara.

# Yeroo

1 **Of-irra garagalaa, lolaadhaan hin fudhatamiinaa.** Naannoowwan lolaan itti argamu irratti hin konkolaachisiinaa yookin miilaan hin deemiinaa.

2 Haala Appii Flood Warning(Akeekkachiisa Lolaa) irratti ilaali ykn Giddugala Akeekkachiisa Lolaa King County dhaaf bilbilaa.

3 Gabaasa haala qilleensaa hordofaa akkasumas ajajawwan dursanii baqachuu kennamuu danda'u dhaggeeffadhaa.

4 Haala fayyaalessa ta'een baqachuu hin dandeessan yoo ta'e, gargaarsa argachuuf gara 911 itti bilbilaa. Bilbila moobaayilaa keessan qabachuun gara darbii gamoo isa olaanaatti ol bahaa.

5 Qabeenyota keessan eeggachuuf saandbaagiiwwan(korojoo cirrachaa) fayyadamaa. (Bakkeewwan raabsa bilisaa argachuudhaaf kaartaa kana ilaalaa).

6 Yoo bishaan lolaa gamoo keessanitti dhiyaachaa jiraate, yoo danda'ame madda guddaa irratti meeshaalee fayyadamaa cufaa.

## AKEEKKACHIISIIWWAN LOLAA ARGACHUUF GALMAA'AA

Akkuma mudateen akeekkachiisa lolaa bilisaan argachuuf galmaa'aa. Akeekkachiisawwan karaa **bilbilaa, ergaa barreeffamaa, yookin imeelii** argachuudhaaf filachuu ni dandeessu.

*kingcounty.gov/flood*

## APPILIKEESHINICHA BUUFADHAA!

Appiin keenya haaromfame daataa safartuu yeroo mudannoo isa sirrii, marsaa lolaa, fi tilmaama akka hordoftan isin gargaara.

- Teeknoolojii caala faayidaa qabeeessa ta'e: Odeeffannoon yeroo sirriitti isin barbaachisutti argadhaa.
- Giraafiiwwan hawwatoo Waayee haala naannoo baruudhaaf daataa lolaa argadhaa.
- Afaanota dabalataa Odeeffannoo Google Translate dhaan hiikaman ilaaluuf.

# BOODDEE

1 **Yoo nageenyi isaa kan eegame ta'e malee gara gamoo keessatti hin seeniinaa**. Meeshaalee mana keessaa keessan osoo itti hin fayyadamin dura ogeessi akka sakatta'u taasisaa.

2 Hojimaata gamoo, nyaataa fi dhiyeessii bishaanii keessan haala nageenya qabuun qulqulleessuuf gargaaran hordofaa. Dabalataan ***kingcounty.gov/PrepareForFlooding*** irratti baradhaa

3 Badiiwwan lolaan mudatan galmeeffadhaa. Miidhaawwan suura kaasaa fi gatii suphinsaa galmeessaa. Balaa lolaa gaafachuuf bakka bu'aa inshuraansii kee quunnami.

4 Bakka olaanaa itti bishaanni lafaa oli guute gamoo keessan irratti mallatto irratti godhaa.

## BADII LOLAA GARA FUULDURAATTI MUDACHUU MALU HIRI'ISUUN GARGAARAA

Misoomni suluula lolaa keessatti gaggeefamu kamuu hayyama barbaachisa. Hojiiwwan ijaarsaa, haaromsa gamoo, itti daballi, bahuun, ola kaasuun, guutuu ykn jijjiramni gamoo kee irratti taasifamu kan biraas hayyama aragachu kan barbaaduufi danbiiwwan to'annoo suluula lolaa hawaasa keetii kan hordofe ta'u qabaata. Haaromsi ykn fooyyeessuun gamoowwan suluula lolaa keessaa kan parsantaa 50 isaanii olii akka ol kaafamuufi lolaarraa mirkanneeffamuutu barbaachisa.

Kan Ijaaruus ittigaafatamummaan namoonnii fi gamichi lolaarraa bilisa ta'u ni mirkanneessaa. Dambiiwwan bulchiinsa lafa lolaa dhiibbaa tokkoon tokkoomisoomaa qabeenya biroo irratti qabu hir'isuun naannoowwankeenya lolaadhaaf saaxilaman namoota achi jiraataniifi hojjetanhundaaf balaa akka hin qabne taasisa.

Osoo pirojekitii hin eegalin, Bakka bu'aa eyyamsiisaa mana murtii quunnamaa yookaan Muummee tajaajila giddu galaa King Country, kutaa eeyyamaa karaa bilbilaa **206-296-6600** quunnamaa yookiin gara ***kingcounty.gov/permits*** daawwadhaa.

Waraqaa irra deebiin tajaajile irratti maxxanfame. Maaloo irra deebiin itti fayyadamaa.
*Waliigala*

## CHEEKLIISTII MEESHAA YEROO HATATTAMAA

Dabalata argachuu gara: ***ready.gov/kit***

- [ ] Reediyoo baatirii-yookiin dhagaatiin hojjetu fi baatiriiwwan dabalataa
- [ ] Meeshaalee gargaarsa jalqabaafi fiishkaa
- [ ] Ibsaa baatirii dabalataa waliin
- [ ] Koppiiwwan sanadoota barbaachisoo boorsaa pilaastikii keessa jiran (heyyama konkolaachisummaa, inshuraansii fi odeeffannoo baankii,fi odeeffannoo qunnamtii)
- [ ] Maatiifi beeladoota keessaniif bishaan guyyaa hedduu fi nyaata hin badne
- [ ] Uffata ho'uu, kophee cimaa/boottii fi uffata alkanii
- [ ] Dhiyyeesitiiwwan qululina dhuunfaa fi naanoo
- [ ] Qorichoota ajajaman
- [ ] Meeshaalee daa'immaniif mijatan (uffata alkanii, kitaabaa, ashangulliitii)
- [ ] Bilbila chaarjerii waliin fi baatiriiwwan dabalataa waliin





KING COUNTY FLOOD CONTROL DISTRICT
516 Third Ave. Room 1200 • Seattle WA 98104
kingcountyfloodcontrol.org



PRSRT STD
U.S. POSTAGE
PAID
SEATTLE WA
PERMIT NO. 6013


2024 - 2025

# LOLAADHAAF QOPHAA'OO TA'AA

COUNTY KING KEESSATTI QOPHAA'INSA LOLAAF KAN ISIIN QAJEELCHU

## Heloo!

Qabeenyi keessan lafa lolaa keessa ykn naannoo isaa waan jiruuf balaa lolaa waan qabuuf, biruushariin kun isin qaqqabee jira.

**KAARTAA LAGA KING COUNTY** →



Hogganaa Reagan Dunn

## QOPHOOFTANII JIRTUU?

Akka Dura taa'aan King County Flood Control District(Aanaa To'annoo Lolaa King County) tokkootti, humnaa fi tilmaamamuu dhabuu lageen keenyaa irratti guyyaa guyyaan yaadachiisni naaf ergama. Yeroon lolaa dhihaachaa waan jiruuf hawaasni keenya ammas yeroon itti walitti dhufanii qophaa'an amma. Amma tarkaanfii dursanii fudhachuun obomboleettii kana dandamachuu irratti garaagarummaawwan hunda fiduu danda'a.

Hoggansa Aanichi pirojektoota fi imaammata balaa lolaa hir'isuu gara fuulduraatti yaadaniin hawaasa keenya eeguu irratti godhaniin nan boona. Hojii, suphaa, fi fooyya'iinsa dhaabbilee eegumsa lolaa 500 ol, qarqara lagaa maayilii sararaawaa 118 guutummaan guutuu kaawuntii keessatti maallaqaan ni gargaarra. Kaartaa lafa lolaa ni haaromsina; qo'annoo teeknikaa ni gaggeessina; manneenii fi dhaabbilee daldalaa ol ni kaasna; qonnaan bultoonni bishaan lolaa akka dandamatan ni gargaarra; akkasumas sirna akeekkachiisa lolaa keenya fooyyessuudhaan odeeffannoo hatattamaa kennuudhaan yeroo taateewwan lolaa namoota nageenya isaanii eeguuf ni gargaarra.

Akkasumas Diistiriiktichi ergama keenya lubbuu fi qabeenya lolaa irraa eeguu fi hawaasa dandamachuu fi itti fufiinsa qabu horachuuf dhaabbilee fi dhaabbilee biyyaalessaa waliin dammaqinaan hojjechaa jira. Akka miseensa haaraa National Association of Stormwater and Flood Management Agencies(Waldaa Biyyoolessaa Dhaabbilee Bulchiinsa Bishaan Obomboleettii fi Lolaa, NAFSMA)tti, tooftaalee balaa lolaa hir'isuu hundarra gaarii ta'an fudhachuuf ogeeyyii guutuu biyyattii waliin hojjechaa jirra.` Dabalataanis, NAFSMAn tattaaffii kalaqaa keenya agarsiisuuf taateewwan lama irratti akka dhiheessinu nu affeeruun isaa, dhiibbaa guddaa hoggansi naannoo keenyaa marii biyyaalessaa waa'ee balaa lolaa hir'isuu irratti qabu calaqqisiiseera.

Yeroo lolaa biraa mudachuu danda'uuf qophoofnutti, maaloo ofii keessanii fi namoota jaallattan eeguuf tarkaanfii dursaa fudhadhaa. Balaa lolaa kee hubachuu, inshuraansii lolaa argachuu, karaa akeekkachiisa lolaa odeeffannoo qabaachuu fi karoora qabaachuun garaagarummaa hunda fiduu danda'uu. Birooshurri kun odeeffannoo lolaa mudachuu maluu of qopheessuu fi deebii kennuudhaaf isin gargaaru hedduudhaan kan guutame dha. Hubannoo gatii guddaa qabuu fi gorsa qabatamaa nageenya keessanii fi nageenya namoota naannoo keessanii guddisuu danda'u argachuuf yeroo fudhadhaatii haalaan dubbisaa.

Waliin taanee ofii keenyaa, ollaa keenyaa fi qabeenya keenya eeguu dandeenya. Lolaa Mudachuu Maluuf Qophaawoo Haa Taanu!

*Reagan Dunn* [signature]

Reagan Dunn
Chair, Dura Taa'aa To'annoo Lolaa Bishaanii Diistiriiktii King County

**kingcountyfloodcontrol.org**
**Reagan.Dunn@kingcounty.gov**



Pirojektiin Lower Russell Levee Setback mala bulchiinsa lafa lolaa walitti makame keenyaa fakkeenya ta'a; Pirojektichi nageenya hawaasaa kan eegu yoo ta'u, bakka jireenyaa bishaanii fi qarqara lagaa fooyyessuu fi carraa bashannanaa fi iddoo banaa kan kennudha.

## NAMOOTA EEGGUU FI DIINAGDEE, NANNOO, FI HAWAASA KEENYA FAAYIDAMA TAASISUU

Akkuma hawaasni keenya guddachaa deemuun, mala bulchiinsa lolaa irratti qabnus akkasuma ta'uu qaba. Aanaan To'annoo Lolaa King County (Diistriiktichi) jijjiirama kana keessatti adda duree ta'ee argama. Mul'ata keenya egeree balaa lolaa dandamatu bakka hawaasni King County guddachaa jiruu fi sirni ikoo fayya qabeessa ta'e lageen naannoo sanaa wajjin walsimsiisuun waliin jiraatan galmaan ga'uuf namoota wiirtuu tattaaffii keenyaatti kaa'aa jirra.

Diistiriiktichi tooftaawwan haaraa karoora bu'uuraalee misoomaa bulchiinsa lafa lolaa walitti hidhameen hojiirra oolchaa jira. Garuu sana jechuun maal jechuudhaa?

Bulchiinsi lafa lolaa walitti hidhame, mirga waliigaltee Gosaa fi qabeenya aadaa kabajuudhaan, hawaasaa fi sirna ikoo eeguuf dandamachuu lafa lolaa guddisa. Duudhaalee naannoo kan akka qonnaa, bishaan qulqulluu, dinagdee socho'aa, saalmoonii fi dandamannaa orca(hawaasa deebisanii ijaaruu), fi bashannana alaa ni deeggara. Diistriiktichi pirojektoota faayidaa hedduu qaban kanneen balaa lolaa hir'isan, nageenya hawaasaa mirkaneessan, fi sirna ikoo lagaa haqaan deebisan irratti xiyyeeffata. Yeroodhaan tarkaanfiiwwan hunda galeessa ta'an hojiirra oolchuuf qaamolee fedhii qaban irraa hirmaannaa bal'aa ta'e of keessatti qabata.

Tooftaan haaraan kun fakkeenya kan ta'e Ebla bara 2024, yeroo Diistiriiktichi Ibsa Programmatic Environmental Impact Statement(Dhiibbaa Naannoo Sagantaa, PEIS) isa dhumaa Koridoorii Green River Garjalleetti baaseetti dha. PEIS keessatti, malawwan sadii balaa lolaa qarqara lagaa bulchuuf gargaaran kanneen hundi isaanii balaa lolaa Gar-jallee Koridoorii Green River haalaan kan hir'isan yoo ta'u, faayidaa hawaasaa barbaachisoo biroo kanneen akka bakka jireenyaa fooyya'aa, carraa bashannanaa dabalataa fi iddoo banaa, fi misooma dinagdee kan kennan qoratamaniiru . Adeemsi kun hirmaannaa cimaa Gosoota, aangawoo murtii naannoo, ejensiiwwan, qaamolee fedhii qaban, fi miseensota ummataa kan hirmaachise ture.

Akka qaama tattaaffii hirmaannaa kanaatti, Diistriiktichi adeemsitoota(navigeetaroota) hawaasaa amanamoo ta'an kanneen beekumsa aadaa fi afaanii naannoo fi hariiroo qaban waliin hojjeteera. Hojiin isaanii inni guddaan adeemsa gamaaggama wixinee PEIS irratti yaadawwan hawaasaa 2,250 ol, afaanota ja'aan argachuu danda'ee jira.

Hawaasa keenyaaf dursa kennuu fi bulchiinsa lafa lolaa faayidaa naannoo fi hawaasaa waliin walitti makuun, King County nageenya qabuu fi dandamachuu danda'uuf karaa banaa jirra. Carraaqqiin balaa lolaa hir'isuuf goonu fedhii, gatii fi dursa namoota tajaajillu akka guutu mirkaneessuuf, haala hawaasa giddu galeessa godhate keenya itti ni fufna.

Waliin taanee, egeree lolaa irraa bilisa ta'e kan hawaasni King County guddachaa jiruu fi sirnakkoowwan fayya qabeessa ta'an lageen keenya waliin walsimachuun waliin jiraatan ijaaraa jirra.

# ODEEFFANNOO QABAADHAA

**Haalotni lolaa bishaanii batttalaan jijjiiramu**. Yeroo socho'uu fi ofii keessanii fi maatii keessan nagaa eeguuf odeeffannoo argadhaa.

## AKEEKKACHIISAWWN BILBILAA, ERGAA BARREEFFAMAA, YOOKIIN IMEELII

Akekkachiisawwan lolaa battalaa bilisaatiif galmaa'aa. Akeekkachiisa keessan marsaa lagaa fi lolaadhaan dhuunfachiisuun ni danda'ama.

## APPII AKEEKKACHIISA LOLAA *HAARAA*

Daataa safartuu taatee yeroo dhugaa, marsaa lolaa, fi tilmaamawwan hordofuu. Appiin inni fooyyeffame amaloota kanneen of keessatti haammata:

- Teeknoolojii caala faayidaa qabeeessa ta'e
- Giraafiiwwan hawwatoo
- Afaanota dabalataa

Marsariitii kana daawwadhaa
***kingcounty.gov/flood***
yookin lakk kana irratti bilbilaa
**206-477-4899**

# SIRNAWWAN LAGAA KING COUNTY




## IDDOO LOLAA BISHAANII FEMA (FEDERAL EMERGENCY MANAGEMENT AGENCY) WAGGAA-100

Lafti lolaa waggaa-100 naannoo yeroo taatee lolaa waggaa kamiyyuu keessattiuumamuu danda'u dhibbeentaa tokko qabutti lola'a jedhamee eegamudha.




## SAGANTAA BAATTUU CIRACHAA (SAANDIBAAGII)

Baattuun cirachaa meeshaalee salphaa fi lolaa ittisuuf murteessaadha. Eessaa akka argattaniifi akkamitti akkaitti fayyadamtan liinkii kana irraa baradhaa: *kingcounty.gov/sandbags*.

Biloogii Keenya
Isa Haaraa Ilaalaa!

*Kingcountyfloodcontrol.org/district-news*

## BEEKUUMSA KEESSA TURAA

X: @KCFloodDistrict, @KCDNRP

Instagram: @KingCountyDNRP

Facebook: @KCFloodDistrict, @KingCountyDNRP

## QABEENYOTA DABALATAA

**Qabeenyi keessan lafa lolaa keessa jiraachuu isaa baruuf** *kingcounty.gov/FEMAmap* daawwadhaa yookiin 206-477-4812 tti bilbilaa.

**Lolaa Mudachuu Danda'uuf Akkamitti akka Qophooftan**
*kingcounty.gov/floodservices*

**Akeekkachiiftuuwwan Balaa Hatattamaa King County** *kingcounty.gov/alert*

**Biloogii Oduu Balaa Hatattamaa King County** *kcemergency.com*

**Akeekkachiiftuuwwan Lolaa King County** 206-477-4899 • *kingcounty.gov/flood*

**Gidduugala Akeekachiisa Lolaa King County** 206-296-8200 ykn 800-945-9263

**Sagantaa Haaromsa manaa King County**
*Kanneen galii-gadaanaatiif, abbootii manaa ulaagaa gutaniif haaromsa manaa baayyee barbaachiisaafi deegarsa kennamu.* **206-263-9095 • *kingcounty.gov/housingrepair***

**King County Road 24/7 Helpline** 206-477-8100

**Yaadachiftuuwwan karaa King County** *kingcounty.gov/roadalert*

**Metro Transit Disruptions** *kingcounty.gov/metro*

**Sagantaa Inshuraansii Lolaa Biyyaalessaa** 877-336-2627 • *floodsmart.gov*

**Public Health Seattle(Fayyaa Hawaasaa Siyaatil) & King County(Kaawontii King) Kuusaa balfaa lafa jalaa fi Bishaan Lafa** 206-477-8050

KING COUNTY FLOOD CONTROL DISTRICT

King County
Department of Natural Resources and Parks
**Water and Land Resources Division**

Odeeffannoon kaartaa kana irratti dabalame King Country dhaan madden gara garaa irraa kan walitti qabamee fi beeksisa malee kan hin jijjiiramne dha. King County fi Distirikitiin To'annaa Lolaa King County bakka bu'aa yookaan mirkaneessa, kan ibsame yookaan mullifame, akkataa sirriitti xumuramee, yeroo karoorfameen, yookaan mirga odeeffannoo kunneenii fayyadamuu to'ata. Sanadi kunis bu'aa qoo'annoof itti fayyadamuuf kan yaadame miti. Kaawuntiin King fi aanaan miidhaawwa waliigalaa, kan addaa, kallattii, kan tasaa, ykn sababii saatiin umamau kamiifuu itti gaafatamaa hin ta'u, kunis ammoo kan galii ykn bu'aa dhabiinsa sababii fayyadamuu ykn dogongora fayyadama odeeffannoo kaartaa kana irra jiruutiin kan mirtaa'e qofaa miti. Gurgurtaan kaartaa yookaan odeeffannoon kaartaa kanaa yoo King Country eyyama barreefamaan argate male dhorkaadha.

## HAWAASA KEENYAAF BAKKA HOJIITTI CIMINAAN HOJJECHUU

Kutaan To'annoo Lolaa King County lubbuu fi qabeenya lolaa irraa eeguuf kan hojjetu yoo ta'u, walqixxummaa fi haqaa hawaasummaa, jireenya itti fufiinsa qabu, eegumsa bakka jireenyaa, deebisanii damdamachuu saalmoon, bashannanaa, fi hawaasa dandamachuu danda'u tarkaanfachiisa.

**PIROOJEEKTIIWWAN KAN XUMURAMAN 370+**
Hidhaa fi irkaniiwwan jajjabeessuu (hidha lolaa cimaa ta'e)

**500+ DALAGSIISAA & SUPHAA**
dhaabbilee eegumsa lolaa murteessoo ta'an guutummaan guutuu kaawonti

**118** **MAAYILIIWWAN SOROOROO** qarqara bishaanichaatti

**+ 800** **HEEKTAARA** Lafti ta'u **LOLAA IRRAA ITTIFAMEE JIRA**

## MARSAWWAN LOOLAA

King County haala lolaa lagaa calaqqisiisuuf marsaa afur fayyadama. Marsaan isaa haguma cimaa yeroo ta'u, bishaan laga keenya keessatti yaa'a, akkasumas carraan lolaa nu mudachuu danda'u guddaadha.

### 1 Qophaa'aa

Lolaan kamiyyuu hin umamnee. Hojjattoonni King County dammaqinaan argamu.

### 2 Gadi-aanaa

Bakka tokko tokkotti dhiqama lafaa, miidhaa lolaa fi daandii cufuun uumamuu danda'a. Gidduugalli Akeekkachiisa Lolaa King County baname. Hojjettoonni gargaaruuf sa'aatii 24 ni argamu.

### 3 Giddugaleessaa

Lolaan gadi fageenya adda addaa qabu uumamuu danda'a. Daandiiwwan arteeriyaalii dabalatee daandii hedduu cufamuun ni danda'ama. Hojjettoonni Paatroolii Lolaa naannoo lolaadhaaf saaxilamudaawwachuun caasaa to'annoo lolaa sakatta'u.

### 4 Hamaa

Lolaa hamaa bishaan saffisaan socho'uu qabu. Suluula lagaa hunda keessattidaandii bal'inaan cufamuu. Gidduugalli Akeekkachiisa Lolaa(Flood Warning Center) ammallee banaadha. Paatrooliin Lolaa irra deddeebiin sakatta'iinsa ni dabala.

**Ibsa bal'aa haala marsaa lolaa tokkoon tokkoo lageen South Fork Skykomish, Tolt, Snoqualmie, Cedar, Green, fi White fi Issaquah Creek argachuuf *kingcounty.gov/flood* daawwadhaa.**

Biroosharjiwwan Lolaaf Qophaa'oo Ta'uuf gargaaran afaan biroon hiikamanii argachuuf maaloo gara kana deemaa kingcounty.gov/prepareforflooding. Hiikaawwan afaanii dabalataa fi biroosharjiwwan hiikamanii maxxanfaman yeroo gaafattanitti kanfaltii tokko malee isiniif ni argama. Maaloo karaa 206-477-4812 nu qunnamaa.

Para obtener los folletos traducidos de Be Flood Ready, visite *kingcounty.gov/prepareforflooding*. Si lo pide, hay traducciones adicionales y folletos traducidos impresos sin costo alguno para usted; comuníquese con nosotros al 206-477-4812.

Để nhận bản dịch tờ gấp Sẵn Sàng Ứng Phó Với Ngập Lụt, vui lòng truy cập *kingcounty.gov/prepareforflooding*. Chúng tôi cung cấp miễn phí các bản dịch khác và bản cứng tờ gấp đã dịch theo yêu cầu cho quý vị. Vui lòng liên hệ với chúng tôi theo số 206-477-4812.

번역된 홍수 대비 브로셔는 웹사이트 *kingcounty.gov/prepareforflooding* 를 참조하세요. 추가 번역 및 인쇄된 번역 브로셔가 필요하면 요청 시 무료로 드립니다. 206-477-4812로 문의하세요.

如需「Be Flood Ready（做好防洪準備）」手冊的翻譯版本，請造訪 *kingcounty.gov/prepareforflooding*
如果您需要額外的翻譯版本和紙質翻譯版手冊，請致電 206-477-4812 聯絡我們，我們將免費為您提供

Si aad u hesho buug-yaraha u diyaarsanoow daadka fadlan booqo *kingcounty.gov/prepareforflooding*. Turjumaada dheeraadka ah iyo buug-yaraha la daabacay ayaad ku heli kartaa si bilaash ah markaaad adiga codsato, fadlan nagala soo xiriir 206-477-4812.

Переведенные брошюры Be Flood Ready (Подготовка к наводнению) можно найти на странице *kingcounty.gov/prepareforflooding*. Чтобы бесплатно запросить перевод на другие языки или печатный экземпляр переведенной брошюры, звоните на номер 206-477-4812.